Harla Journals

Harla Journal of Social and Behavioral Studies

Journal home page: https://journals.ddu.edu.et/index.php/HJSBS

Harla journal
of Social and Behavioral Studies

# Qaaccessa mammaaksa oromoo tuffii dubartootaa agarsiisan godina Harargee lixaafi bahaarratti kan xiyyeeffate

**Lammii Girmaa Dabalaa***

*Senior Lecturer at Department of Afan oromo language and Literature, College of Social Science and Humanities, Dire Dawa University, Dire Dawa, Ethiopia, Email: lammiiforlammii@gmail.com
Phone: +251 91 494 9384

## Axereera

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Mammaaksa Oromoo tuffii (gadaantummaa) Dubartootaa agarsiisan Godina Harargee Bahaafi Lixaa keessaa walitti funaanaman qaacceessuudha. Qorannoo kana adeemsiisuu keessatti malli dhimma itti bahame mala qorannoo qulqulleeffatadha. Maddi ragaa qorannoo kanaas, madda raga tokkoffaa yoo ta'u, kunis, odeeffannoo maanguddootaafi haawwan waa'ee, mammaaksa tuffii dubartootaarratti muxxannoo qaban irraa kan walitti qabameedha. Meeshaalee funaansa ragalee afgaaffiifi marii gareeti. Argannoowwan qorannoo kanaan bira ga'amanis, mammaaksa Oromoo tuffii dubartootaa agarsiisan, kan dubartoota gadi qabuun, hojii akka hinhojjenne kan godhan, sammuu dubartootaa kan tuqan, siyaasaafi hawaasummaa isaaniirratti ofitti amantaa akka hinqabaanne kan godhan, hanga har'aattillee godinoota Harargee Bahaafi Lixaa keessatti kan mul'atudha. Kunis maddisaa, ilaalcha hawaasummaa Oromoo keessatti mul'atu ta'uu isaa bira ga'amera.Yaadni furmaata qorannoo Kanaan bira gahames, hawaasa Oromoo Mammaaksa tuffii dubartootaa agarsiisan mul'achaa jiru kana fooyyessuuf, hawaasa Oromoo godinoota kana laman keessa jiratan, mammaaksota tuffii dubartootaaf mammaakamu kanneen xiinsammuu dubartootaa miidha waan ta'eef, itti fayyadamuu dhiisuufi warra hinbarannes akka itti hinfayyadamne hubachiisuun baayyee barbaachiisadha.*

# *An assessment of Oromo proverb that shows women impertinent: The case of west and east Hararge zones in focus*

## Abstract

*The main objective of this study was to assess a collection of Oromo proverb that shows women impertinent in West and East Hararge zones. To meet the objective of this study, a qualitative research design was employed .The data was collected from primary sources that were collected from elders and senior mothers who have well experienced of Oromo proverbs that shows women contempt in the study area. The data was collected through interview and focus group discussion. The finding of this study revealed that, those proverbs that commonly uses in the study area has been dispiriting women by influencing their jobs, affecting the psychosomatic of women, pressurizing women's socio-political and it has observable that these discourteous of Oromo proverb has been humiliating women's confidence and makes them more susceptible for losing their active participation on every aspects of the communities in West and East Hararge zones. The result of this study also confirmed that , the main causes of these Oromo proverbs that entirely uses to disrespect women has been developing from the negative attitude of Oromo communities of the study areas. Finally, the researcher recommended, proverbs that intentionally uses to insolence women that has been seen in these two study zones are highly affecting the socio-economic and political atmosphere of the women, therefore, it is highly recommended that the West and East Hararge zones social affairs and cultural and Tourism bureau need to work to change the negative attitudes of the communities towards women , teach the communities to refrain from using proverbs that neglects women and give awareness on certain proverbs that depressing women in the communities.*

**Keywords**: Hararghe zones, Oromo proverb, Women impertinent,

*Corresponding author: Lammii Girmaa, lammiiforlammii@gmail.com , phone:+251914949384

DOI:

© 2023 Harla Journals and Author(s). Published by Dire Dawa University on Open Access Policy under CC-BY-NC 4.0.
Received March 2023; Received in revised form April 2023; Accepted June 2023

# 1. Seensa (Introduction)

## 1.1. Seendubee Qorannichaa

Fookilooriin damee beekumsa tokkotti qo'atamu yommuu ta'u, namni haala adda addaan dhimma itti ba'uufi seenaa bal'aa akka qabu hayyoonni adda addaa lafa kaa'u.

Ben Dan Amos (1979, F, 430) yemmu ibsu, "Folklore is aspher of interaction a mirror of culture, a pperspective screen of personality," jechuudhaan ibsa. Yaanni hayyuu kanaa fooklooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, aadaafi ibsituu eenyummaa akka ta'e addeessa.

> *"Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, customs, actions, behaviors and materials, interactive, dynamic process of creating, communicating, and performing as we share that knowledge with other people" (Sims, 2005:8).*

Filee (2016, F, 30), Fookilorii yoo ibsu "Beekumsa uummatni yookaan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa mo'achuudhaaf, to'achuudhaaf yookiin fala itti barbaaduudhaaf, waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falaasama isaa itti fayyadamee, keessoo isaa karaa sochii qaamaa, meeshaa aadaatiifi karaa afoolaa kan ittiin waliif dabarsuuf itti fayyadamuudha.

Dorson (1983, F, 345) "The basic term of discipline, one which emphasize the 'folk' the other which under score 'lore'. The frist draw folklore an essential social term, the second is more centerd on the cultureal dimesion". Akka yaada kanatti jechi fookiloorii jedhu jecha folk'fi lore' jedhu irraa kan dhufedha. Yaada kana keessatti 'folk' jechuun yaadrimee hawaasa jedhu kan qabu yommuu ta'u, lore' immoo yaadrimee dhimma aadaa hawaasa tokko irratti kan bu'ureffamedha.

Dorson (1972, F, 2) "Folklore can be divided into four categories.These are termed the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts. Each of these is, in turn, divided into different subdivisions". Yaadi kun akka ibsutti fookilooriin goorowwan afur kan qabudha. Isaanis ogafaan, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi hurruubummaadhaan waan mul'atuudha. Ogafaan haala jireenya ummata tokkootiif onnee, sammuufi aadaa isaati.

> *"Ogafaan kalaqa sammuu keessatti qindaa'uun afaaniin himamuudha. Kana keessatti haalli kuufamaafi lufiinsa isaa himiinsa afaanii malee barreeffamaanii miti. wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa,*

> *eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asiin ga'an" (Fedhasaa, 2013, F, 24).*

Ogafaan hawaasa isaa karaa adda addaan tajaajiluu danda'a. Faayidaa hedduu ogafaan hawaasaaf kennu keessaa gurguddoo kan ta'an, ibsuu, cimsuu, too'achuu, miliquufi barsiisuudha. Melakneh (2005, F, 13), "Duudhaa, seenaa, safuu, beekumsaa hawaasa tursiisuufi tokkummaa hawaasichaa cimsuudha," jedha. Yaadni kun kan ibsu, ogafaan aadaa saba tokkoo dhalootarraa dhalootatti karaa afaaniin kan dabarsaa tureefi tokkummaa hawaasa tokkoof barbaachisaa ta'uu isaati.

Ogafaan gooroowwaan adda addaa ofkeessaa qaba.

> *Ogafaan bifa hololootiin yookiin seennessuutiin (sheekkoo, durdurii, baaaccoo, afseenaa…), unkaalee gaggabaaboon kan dhihaatan (hiibboo, mammaaksa…)fi bifa af-walalootiin immoo weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararroo, weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu urursaa mucaa, weedduwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduwwan amantii, weedduwwan ajjeesaa, shoobdoo)fi kkf dha, (Misgaanuu, 2011, F, 41).*

Mammaaksi dame afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma dameewan afoolaa kaawwanii afaaniin dhalootarraa dhlootatti darbaa kan as gaheedha. Mammaaksi gooroowwan ogafaanii keessaa tokkoo ta'e, yaada dheeraa tokko gababsee kan dhiyeessuudha.

Mieder (1997, F, 136) yemmuu mammaaksa ibsu, "Proverbs are small piece of human wisdom that have been transferred one jeneration to the other and valid even in our modern technological age." Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu mammaaksi ogummaa xiqqaa dhala namaa kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa tureefi bara teeknoloojii haaraa ammayyaa keessa jirru keessatti kan fudhatama qabuu ta'uu isaa hubachiisa. Kana malees afoolli kan yeroo darbee qofa osoo hin ta'in gara fuula duraatiif illee kan tajaajilu ta'uu isaa mul'isa.

Encycolopedia America, (1995, F, 150) waa'ee mammaaksaa yoo ibsu, "Proverb is a simmple and concret statement popularly known rpeated, that expresses a truth based on common sense or experiences." Yaada kana iraa wanti hubannu, mammaaksi dubbii gabaabaa waan daawwatamaa jiruufi mul'atu akkasumas muuxannoo jiruu irratti hundaa'uudhaan dhugaa fudhatama ta'e kan ibsu ta'uu isaa hubanna. Gama biraatiin, mammaaksi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti haadarbu malee, qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamoo

keessati hiikaafi ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamuudha. Mammaaksaaf hiika murtaawaa tokko qofa kennuun rakkisaa akka ta’e hayyoonni nidubbatu.

Finnegan (1970, F, 393), hiikni mammaaksaa salphaa akka hintaane yoo ibsitu, “The exact definition of proverb is no easy matter. There is however some general agreement as to what constitutes a proverb. It is saying in more or less fixed marked by d the popular acceptance of the truth tersely expressed in its.” Jetti

Misgaanuun, (2011, F, 48), “Mammaaksi yaadota hima gaggaabaabootiin dhugaa beekamaa fi fudhatama qabeessa bu’uureffachuun haala adda addaa keeessatti sabni akka aadaa isaatti itti tajaajilamuuf kan ooluufi dhaabbatudha” jedha. Mammaaksi yaada bal’aa fi bilchaataa kan of keessaa qabu ta’ee yaada ofii jechoota filatamoodhaan gabaabsuuun miidhaginaan kan ibsatan, duudhaa, falaasama, gaddaafi gammachuu, ilaalcha gootummaa, amantii saba tokkoo jechoota filatamaan haala gabaabaafi miidhaginaan ibsuu kan danda’uu fi dhaloota tokkorraa gara dhaloota birootti kan dabarsu hambaa afaan saba tokkooti.

Yaata’u malee mammaaksi kunneen aadaa Oromoo keessatti tuffii, abdii, hawwii, gammachuu, gadoo, gadda, arjummaa, sodaafi gootummaaf kan mammaakamanidh. Kanneen keessaa mammaaksi tuffii shamarranniif mammaakamu baayyeedha. Dhimma kana irratti Sahiluun (2002, f, 41) akkas jedhee ibsa, “Women and proverbs mostly find themselves at odds.” jedha. Yaadni isaa kunis mammaaksan dubartoota kan faarsan osoo hitaane kan maqaa balleessan akka ta’eedha. Kana bu’uura godhaachuun gosoota mammaaksaa Oromoo keessaa, mammaaksa tuffii dubartoota agarsiisan qorannoo kanaan kan qaacceeffamaniidha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isa tokko yoo ta’u, faayidaalee garagaraa qaba. Kana malees, jiruuf jireenya hawaasaa keessatti dhimmi inni hintuqne hin jiru. Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isa mudatu mammaksatti fayyadamuun dhaloota birootiif dabarsa. Mammaaksi gosoota afoolaa kanneen biroo caalaa hawaasa waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Hawaasni wantoota jiruufi jireenya isaa keessatii isa quunname gaddas ta'ee gammachuu bal’inas ta’e dhiphina mammaaksatti fayyadamee ibsuun labata itti anuuf dabarsa. Hawaasni mammaaksatii fayyadamuun ta’iwwan jireenyaa guyyaa keessatti dhimma ittiin bahuun isaa beekamaadha. Qaama hawaasaa keessaa gartokkeen dubartoota. Haaluma kanaan, mammaaksi tuffii dubartootaa agarsiisan nijiru. Irra caalaan mammksonni waa’ee dubartootaa hawaasa keessatti mammaakaman tuffii yookiin gadaantummaa baayyeedha.

Haallii qabatamaan tureefi aadaa biyyoota addunyaa kanaa baay'een isaani, dubartoota hawaasa giddutti tuffatamoofi dhirootaan gaditti ilaalamaa yookiin lakkaawamaa akka turan mul'san. Wallancefi March (1991, F, 89) dubartoonni biyyoota Baanglaadish ilaalchisani bareefama dhiyeessan keessatti akka ibsanitti, "Society limits women in many ways including their diet, the division of labour, the way that they relate to their family. Many customs discriminate against women," kana jechunis, dubartoonni hawaasa keessatti waan baay'een daangeeffamu. Fakkeenyaaf soorata soramaniin, carraa hojitiin, walitti dhufeenya maatii keessatti qabaniin ta'uu isaanitu hubatama. Kana malees duudhaaleen dubartoota hinhirmaachisne faanille akka jiran yaada kanarraa hubachuu dandeenya. Inni kun immoo dubartoota jiruufi jireenya isaani keessatti rakkoo garagaraatiif saaxila. Kana malees, mammaaksonni mammaakaman kun dubartoonni jireenya isaani keessatti tuffii (gadaantummaan) akka itti dhagahamu taasisan. Akkasumas, akka ofitti hinamaaneefi akka saalfatanillee isaan taasisa. Dhimmoonni armaan olitti ibsaman kunneen qorataaf akka dhimma kana qoratuuf ka'umsa tokko ta'eef. Kana bu'uura godhachuun qorannoon kun gaaffiilee armaan gadiif deebii kenneera.

- ✓ Mammaaksota Oromoo tuffii dubartootaa ibsu maal fakkaatuu?
- ✓ Mammaaksi Oromoo tuffii dubartoota mul'isu dubartoota keessatti miira akkamii uumaa?
- ✓ Mammaaksi kun yeroo akkami akkami mammaakama?
- ✓ Ergan mammaaksoota tuffii agarsiisaan kanaa maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mammaaksa tuffii dubartootaa agarsiisan qaacceessuudha.

### 1.3.2. Kaayoo Gooree

- ➢ Mammaaksa tuffii dubartootaa mammaakaman adda baasuu,
- ➢ Mammaksa tuffii dubartootaattiif mammaakaman yeroo akkami akka maammaakaman addaan adda baasuu,
- ➢ Ergaa mammaaksa tuffii dubartootaa agarsiisu sakatta'uu.

## 2. Sakatta’a Barruulee

### 2.1. Yaadrimee Fookiloorii

Haalli seenaa dhufaatiifi yaadrimee fookiloorii bal’aa ta’uu danda’a. Haala dhufaatii isaa ilaalchisee, Green (1997:331) “Term coined by Briton William John Thoms who, in 1846, proposed that the Anglo-Saxon compound folklore be used instead of the Latinate popular antiquities to describe “the manners, customs, observances, superstitions, ballads, proverbs” and other materials “of the olden time.” Akka yaada kanaatti yaadrimeen fookiloorii jedhamu kun yeroo jaqabaaf Wiliyaam Tamsan nama jedhamuun bara 1846 kan madde yommuu ta’u, xiyyeeffanoon ture amaleeffannaa adda addaa kanneen akka, dhimmoota sansakkaa (protocol) barteewwaan, duudhaalee, sirbootaa, mammaksotaafi meeshaalee dulloomoo irratti kan fuulleffateedha.

Jechi fookiloorii jedhu jechoota adda addaa lama irraa kan ijaarameefi hiika ofdanda’e kan qabu akka ta’e ragaaleen nijiru. Kana ilaalchisuudhaan immoo Dundes (1965:1) “The term ‘folklore’ has been subject to a great deal of discussion. Some definitions concern the definition of ‘lore’, that is the material of folklore and others concern the folk that is the people who produce the lore.” Akka yaada kanaatti jechi fookiloorii jedhu jechoota’ folk’fi ‘lore’jedhaman irraa kan dhufeedha.’Folk’ jechuun garee hawaasaa kan jedhu yommuu ta’u,’lore’ jechuun immoo kan meeshaafi qabeenya adda addaa kan garee hawaasichaa kan ibsudha.

### 2.2. Gooroowwani Fookiloorii

Fookilooriin goroowwan adda addaa of jalaa kan qabudha. Kana ilaalchisuudhaan, Finnegan (1992:11) “The term ‘folklore’ it sometimes has the broad sense of all forms of ‘orally transmitted tradition including material culture, but its most common referent is to verbal forms such as stories, songs or proverbs.” Akka yaada kanaatti fookilooriin yaada bala’aa kan qabu yommuu ta’u, meeshaalee aadaa dabalatee waan afaaniin daddarbudha. Akkasumas, seenaawwan, sirbootaafi mammaaksota adda addaa kan hammateedha. Karaa biraatiin immoo, Dundes and Bronner, (2007:55) “The various forms of folklore: myths, folktales, legends, folksongs, proverbs, riddles, games, dances and many others.” Akka yaada kanaatti fookiloorii jalatti kan ilaalaman kanneen akka ragamataa, durdurii, weedduuwwan aadaa, hibboo, baacoowwan adda addaa sirbootaafi kanneen birooti.

Akkasumas, Dorson (1972:2) “Folklore can be divided into four categories.These are termed the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts. Each of these is, in turn, divided into different subdivisions.” Yaadi kun akka ibsutti fookilooriin goorowwan afur kan qabudha. Isaanis ogafaan, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi hurubbumaadhaan waan mul’atudha. Kanaafuu, ogafaan goorowwan fookiloorii keessaa isa tokkoodha.

## 2.3. Maalummaa Ogafaanii

Ogafaan gooroowwan fookiloorii keessaa isa tokko ta’uudhaan kan maalummaa mataa isaa qabudha. Dhimma ogafaanii ilaalchisee yaada bal’aatu jira. Kana ilaalchisuudhaan akka Nintai, 1993:1) jedhetti “Oral literature is expressed in indigenous African languages and is based on the culture and traditions of specific tribal or ethnic groups. It is handed down from generation to generation by word of mouth, especially in the villages.” Akka yaada hayyuu kanaatti ogafaan Afrikaanoota biratti oguma Afaanii isa ganamaa akka ta’eefi aadaafi gosa sanyii adda addaa bu’uura godhachuun kan ijaarameedha. Keessummattuu, dhimma afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeedha. “The term oral literature is understood by different literary scholars as: folklore, folk literature, traditional literature, literary tradition, oral narrative, literary culture, oral tradition and orature,” Eshete (2008:36).

Akka yaada kanaatti, ogafaan (oral literature) ilaalchisee hayyoonni adda addaa hiika garaagaraa lafa ka’uu yaalaniiru. Dhimma hiika yaadrimee ogafaan jedhu irratti ogbarruun fookilooriidha, ogbarruu duudhawaadha, afseenaadha, aadaa ogafaaniin mul’atu waan fokiloorii jalatti ilaalamuudha, yaada jedhu kaasuudhaan lafa kaa’u.

Ogafaan faayidaa guddaa kennuudhaanis gooroowwan fookiloorii keessaa isa tokkoodha. Faayidaa ogafaanii ilaalchisuudhaan, Masarat (2016:14) “Ogafaan dubbii afaaniin yeedaloon kennameefi ykn osoo hinkennaminiif kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irrattti xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha.”

Ogafaan gooroowwan adda addaa of jalaa qaba. Kana ilaalchisuudhaan Jeylan (2005:15) “Oral genres such as love songs, narrative stories, proverbs, cradlesongs, eulogies and hymns (poems of praise), epic verses and dirges are examples of African oral tradition. In addition to 17 these, each African society has songs concerning wars, social conflicts, and funerary rites.” Akka yaada kanaatti ogafaan goroowwan adda addaa qaba. Akka ogafaaniitti kan

ilaalaman kanneen akka sirba jaalalaa, afseena (oral narrative), jajuu, walaloo, kadhaa, walaloo, faaruu gootaa, walaloo boo'ichaa (dirge) kan jedhaman kunneen ogafaan Afirikaanotaati. Karaa biraan immoo, uummati Afrikaa weedduu lolaa, waldhabdeefi walaloo boo'ichaa (awwaalcha), dhaadannoon waan agarsiisamu kan ofkeessa qabu keessaa tokko afwalaloo hawaasa Afirikaati. Walii galatti, dhimmi yaada hayyoota kaafamanii, hojii qorannoo adeemsisamuuf akka wabiitti fayyaduu waan danda'aniif gosa ogafanii keessaa tokko kan ta'e, afwalaloon isa tokkoodha.

## 2.4. Gosoota Ogafaanii

Goorowwan yookiin akaakuun ogafaanii kana jedhanii murteessuun nicima. Haata'uutii akka Misgaanuun, kaa'etti akaakuun isaanii ogafaan bifa hololootiin yookiin seennessuutiin (sheekkoo, durdurii, baaaccoo, afseenaa…), unkaalee gaggabaaboon kan dhihaatan (hiibboo, mammaaksa…)fi bifa afwalalootiin immoo weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararroo, weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu urursaa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduuwwan seenaa, shoobdoo, mirrisa, shaggooyyee, tapha ijoollee, weedduuwwan amantii, weedduuwwan ajjeesaa, hibboo al-tokko tokkoo)fi kkf dha (Misgaanuu, 2011:41).

## 2.5. Amaloota Ogafaanii

Ogafaan amaloota addaddaa qaba: hurruubummaa, lufummaa, ummatummaa, yoomeessa, jijjiirama, sababa, hirmaannaa jamaafi miidhagina fa'a. Hurruubummaa: amalli afoolaa kun akka ogafaan lubbuu horatu godha.

### 2.5.1. Hurruubummaa

Ogafaan dubbatamuuf yoo xiqqaate nama lama barbaada. Unkiifi qabiyyeen afoolaa kan maddufi tajaajila irra kan oolu namoota sababii hawaassummaa sanarratti argaman kan hirmaachisuudha. Hirmaannaan namoonni haala sanirratti raawwatan hurruubbiidha. Namni tokko gocha afoolaa yoo raawwatu, aadaafi barsiifata hawaasichaa osoo gadi hindhiisin bareedina akka qabaatu gochuuf, nikolfa, nika‟a, nitaa'a, nifiigaa, nicookaa, dhaggeeffattoonnis, sagaleefi gochaan itti hirmaatu. Irra caalaan, gosoota afoolaa (ogafaanii) nama tokkoon kan raawwataman miti. Fakkeenyaaf, oduun durii tokko himamuuf, namni himu yookiin seennessuufi kan dhaggeeffatu jiraachuu qaba. Kanaafuu, amalli kun amala isa bu'uuraati (Misgaanuu, 2011:29).

### 2.5.2. Lufummaa

Lufummaan haala afoolli /ogafaan/ dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatuudha. Afoolli amma jiru, waggoota dheeraa dura yookiin yeroo dhihoo uumamuu danad'u. Kanaafuu, umrii isaanii tilmaamuun nama rakkisa. Ogafaan kunis, bara kalaqamee eegalee, hanga har'aatti utuu dhalootarraa dhalootatti afaaniin daddarbuu har'a ga'eera. Ogafaan karaa lamaan lufuu danda'a. Isaanis, jechaafi gochaani. Kan jechaan darban, hiibboo, mammaaksaafi oduu durii yoo ta'an, kanneen jechaafi gochaan darban immoo, sirba jaalalaa, sirna ateetee, sirna buttaafi kkf…fa'a. Afoolli jechaanis ta'ee gochaan daddarbu kuni qabeenya hawaasaa dhaloonni waliif dabarsuudha. Afoolli tokko haala uumamaafi namaan baduu danda'a. Fakkeenyaaf socho'iinsa dacheetiin, namaan immoo dhiibbaa siyaasaatiin, amantiifi kkf, ta'uu danda'a. Kanarraa kan hubatamu afoolli bakka tokkotti yookiin dhaloota tokko biratti dhaabbatee kan hafu osoo hintaane, dhalootaa gara dhalootaatti kan darbuudha. Amala kanaaniis lufummaa jenna. Lufummaan laafnan afoolli /ogafaan/ miidhamaadha (Misgaanuu, 2011:30).

### 2.5.3. Ummatummaa

Amalli ogafaanii kun abbaan qabeenyaa uummata ta'uu isaa wajjin walqabata. Kunis kallattiin kan itti fayyadamu uummata waan ta'eefi. Haala jiruufi jireenyaa, seenaasaa, aadaa isaa kan ibsatu, hawaasni tokko ogafaan mataa isaa niqaba. Yeroo calqabaatiif afoola namni tokko kalaquu danda'a ta'a. Garuu, amala lufummaa irraa kan ka'e, dubbatamaan dadarbaa yeroo dheeraa waan tureef, adeemsa keessa irraanfatamuu nimala. Kanaaf ogafaan kan nama dhuunfaa osoo hintaane kan ummataati jenna. Ogafaan ummata Oromoo keessa jirus, kan ummata Oromooti. Tokkoon tokkoon miseensa Oromoo hundi kiyyummaa qaba (Fedhaa, 2001:15).

### 2.5.4. Yoomessa

Yoomessa kan jedhu, 'yoomiifi eessa' jedhurraa uumame. Isaanis yeroofi bakka wanta tokko itti raawwatu agarsiisu. Ogafaan yeroofi bakka itti raawwatu qaba. Kanatu yoomessa jedhama; ilaalchisee yeroo hundaafi bakka hundatti akka hintaane, yoomessa murtaa'ee akka qabu qalbeeffachuun nidanda'ama. Kana malees, haala/context/afoolli tokko keessatti raawwate ni'ibsa (Misgaanuu, 2011:31).

### 2.5.5. Nijijjiirama

Ogafaaniifi ummata addaan baasanii ilaaluun hindanda'amu. Sababni isaas, ogafaan kan uumamu hurruubummuufi kan darbu miseensota hawaasatiin waan ta'eefi. Keessumaayyuu, hawaasni ogbarruu barreeffamaa hinqabne tokko aadaa, seenaafi kkf. dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf guutummaan guututti afoola irratti hundaa'uu danda'a. Kanaaf, jijjiramni hawaasa keessatti uumame tokko kallattiin yookiin karaabiraatiin ogafaan xuquun isaa hinhafu (Alamaayyoofi Alamituu, 2010:60).

### 2.5.6. Hirmaannaa Jamaa

Raawwiin ogafaanii tokko jiraachhuufi dhiisuu isaa irratti, jamaa yookiin dhaggeeffattootatu murteessadha. Jamaa jechuun yeroo hurruubbiin ogafaan tokko taasifamutti, namoota dhimmicha jalaa qabuuf yookiin onnachiisuuf iddoo sanitti argaman sanaan jamaa jennaani (Alamaayyoofi Alamituu, 2010:61).

### 2.6. Yaadrimee Mammaksaa

Qorannoon akka waliigalaatti mammaaksa Oromoo irratti haala saayinsaawaa taheen hojjetame muraasa waan taheef, maalummaa mammaaksa Oromoo bifa quubsaa taheen ibsuun rakkisaadha. Kanneen jiran muraasnis yaada irratti waliigalame tokko kan kaahan miti. Oromoonni waa'ee mammaaksaa yeroo dubbatan "Mammaaksi koobaa dubbiiti; mammaksi duubbii fida-dubbii fixa; haasaan mammaaksa hinqabneefi ittoon soogidda hinqabne hinmi'aawu" jedhu. Kun gama gahee mammaaksi dubbii namootaa keessatti taphatuun yeroo ilaalamu, muuxannoo jiru irraa kan irratti waliigalamudha. Garuu, bifa saayinsaawaa ta'een akka aadaa Oromootti mammaaksi maal akka tahe ibsuu irratti hanqinni ni jira. Maalummaa mammaaksa Oromoof ibsaafi hiika kennuuf kan yaalan keessaa tokko Sahlu (2002) isa jalqabaati. Sahlu-n qorannoo digirii maastersiif jecha mataduree "Borana Folktales: A contextual study" jedhu irratti hojjetee, booda akka kitaabaatti maxxanse. Qorannoon isaa guutummaatti mammaaksa irratti xiyyeeffachuu baatus, bakka guddaa kennee, maalummaa mammaaksaa bu'uura ragaa walitti qabateetiin xiinxalee dhiyeesseera.

Akka Sahlu (2002:24) ibsutti jechi mammaaksa jedhu jecha Afaan Oromoo keessa baroota dheeraa tureefi maddi isaafi hiikni isaa kan sirriittti hinbeekamnedha. Maddeen ragaa qorannoo isaa muraasa eeruudhaan akka dhiyeessetti:Madda jechichaa mirkaneessuun rakkisaa tahus, haala amma uummata Oromoo biratti tajaajilaa jiruun hiikni isaa isa afaan

Ingilizii keessatti ‘proverb’ jedhu waliin sirriitti wal madaala jechuun hindandahamu Sahlu, (2002:24). Keesumaayyuu, mammaaksi kan ilaalmuu qabu unka isaatiin osoo hintahiin, dubbii namootaa keessatti tajaajila kamiif akka mammaakame irraa ka’uudhaan hiika isaa irraa ka’eeti Sahlu, (2002:25). Haala kanaan, durdurii, sheekkoofi afoolli biroon osoo namoonni dhimma tahe irratti dubbataa jiranii, yookaan dubbachuuf jiranii, yookaa dubbii goolabuuf jecha kan itti dhimma bahan hundi mammaaksa jedhamuu dandaha. Akka yaada kanaatti, hiikni mammaaksaa kan duraan beekamu caalaa yaadrimee bal’aa kan qabuufi gooroowwan afoolaa biroos kan dabalatu tahuu isaati. Mammaaksi dubbii fiduu, dubbii fixuufi dubbii mi’eessuuf kan oolu yaada gabaabduu, unka beekamaa taheen gabaabbatee kan ibsamu qofa osoo hintaane, bifa hololoo taheen kan dhiyaatus, dhimma dubbatamaa jiru irratti yaada ka’umsaafi goolabaa yookaan yaada cimsuuf yookaan mormuuf kan tajaajilu hunduu mammaaksa. Mammaksa mammaaksa kan taasisus unkaa gooroo afoola sanaa osoo hintahiin, ergaafi tajaajila isaati Sahlu, (2002)

Kanaafuu, mammaaksi yaadrimee bal’aa kan qabuufi afoola akaakuu gara garaa of jalatti kan hammachuu danda’udha. Ta’us, yaadrimee kana irratti qorannoo biroon dabalamee kan hunduu irratti waliigalee jiru hin fakkaatu. Qorannoon ammaa kunis mammaaksa hanga kanaa bal’atu irrattu hojjechuun baay’ee bal’aa waan tahuuf, mammaaksa unka gaggabaabaatiin ibsamu, kan afaan Ingiliziitiin (proverb) jedhu irratti qofa daangahee hojjetama. Kanaafuu, ammaan booda mammaaksa jechi jedhu waraqaa kana keessatti toora yaadrimee dhiphaa kanaan kan dhiyaatedha. Kallattii korniyaatiin kan mammaaksa (proverb) Oromoo ragaa Arsii Lixaa irraa walitti qabameen kan qorannoo hojjette Sena (2008) tajaajila mammaaksaa yoo ibsitu dhimmoota afur adda baafte. “Mammaaksi ibsa/hiika dubbiiti: tokko dubbii fida, tokko dubbii fixa; Mammaaksi of argaa uummataati; itti mul’isa... Mammaaksi soogidda dubbiiti… Ittoon soogidda hinqabneef dubbiin Oromoo yoo mammaaksa hinqabne, hinmi’aawu. Kana irraa kan hubatamu, mammaaksi karaa tokkoon dubbii dheeraa, gabaabsee kan guduunfu, yookaan gargar hiikee xiinxalee kan babal’isu, kan ergaa dabarsuun barbaadame daran ifaa taasisu, dhimma dubbatamaa jiru hawwataafi kan qalbii tohatu akka tahu oguma hawaasaa ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama. Megersa-fi Dejene (2019) guddina mammaaksa Oromoo yoo ibsan, sirna gadaa waliin wal-qabsiisaniiti. Bu’uurri sirna gadaa walqixxummaafi dimokraasiidha yaada jedhu irratti kan waligalu hedduudha. Haata’u malee, walqixxummaa gama koornayaatiin jiru ilaalchisee hammam waraabbii armaan olii irratti waliigalama dhimmi jedhu falmisiisaa tahuu mala.

Hawaasa Afrikaa duudhaa ganamaatiin jiraatan mara biratti, akkasumas ummata Oromoo biratti mammaaksi walitti bu'iinsa hawaasaafi namoota dhuunfaa gidduutti mudate furuufi nagaa buusuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsu (Megersa-fi Dejene, 2019). Haala kanaan, akka hayyoonni kunneen jedhanitti yoo hawaasni walkabajanii akka waldeeggaranii jiraataniif kan gargaaru yoo tahe, akka garee hawaasaa tokkootti dubartoonniifi dhiironni addatti yoo ilaalaman hammam kabajniifi waldeeggarsi jedhame kun sirnaan calaqqisa maammaksa Oromoo keessatti kan jedhu hir'ina qabaachuu mala. Qorannoon isaanii saalaan adda osoo hinbaasiin, gahee maammaksi Oromoo waldhabdee hawaasaa furuu keessatti qabu irratti waan xiyyeeffateef malee, ragaa tokkummaa, aadaa walkabajuu, obsaafi kanneen kana fakkaatan kallattii koornayaatiin osoo ilaalame, bu'aan qorannoo isaanii faallaa kanaa tahuu mala. Kanaafuu, kallattii xiyyeeffannoo korniyaatiin dhugaa jiru calaqqisuu yoo baateyyuu mammaaksi Oromoo tajaajiloota jedhaman uummata kanaaf akka kennan niamanama. Kanaafuu, Mammaaksi hawaasummaa keessatti gahee olaanaa qaba. Keessattuu walitti bu'iinsaa fi wal dhabdee garaagaraa furuu keessatti akkasumas nageenyaan wal faana jiraachuu keessatti gahee olaanaa taphata jechuudha. Megersa-fi Dejene (2019).

### 2.7. Faayidaa Mammaaksaa

Faayidaa mammaaksaa ilaalchisee hayyoonni gara garaa yaada gara garaa kennanii jiru. Haaluma kanaan, Addunyaa (2014) akka armaan gadiitti kaa'a. Mammaaksi akkuma akaakuu afoola kaneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba. Mammaaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii golabu; mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu. Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhamus kanumaaf. Ergaa dabarsuu barbaadameen walsimsiisuun dhimma itti ba'uuf beekumsa gaafata. Namni aadaafi eenyuummaan hawaasaa hin galleef, mammaakullee ni akkeessa malee qabiyyeen walsimsiisuu hin danda'u. Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnanname gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi ta'iwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta'eef faayidaan inni qabus hedduudha. Armaan gaditti faayidaawwan mammaaksaa kan beektonni gara garaa kaa'an keessaa isaan gurguddoo ilaalla.

#### 2.7.1. Dubbii Mi'eessuu

Mammaaksi dubbii mi'eessa. Namoonni haasaa afaaniin taasisan keessatti mammaaksa ni fayyadamu. Kun immoo akka dhaggeefataan hin nuffinee taasisa. Kan malees dubbiin miidhagina akka qabaatu, hawwataa ta'uufi wanti dubbatamu sun sammuu dhaggeeffataa

keessatti akka fakkii uumuu taasiisa. Kanaafuu mammaaksi koobaa dubbiiti jedhu. " mammaaksi dubbiin tokko bifa ifa ta'eefi fudhatama akka qabaatu taasisu irra darbe haasaan taasiisamu sunis miidhagina akka qabaatuufi hawwataa ta'u taasiisuu isaa ibsa. Sahilu ( 1996:59)

### 2.7.2. Muuxannoo Jiruuf Jireenyaa Ibsuu

Umanni biyya tokko yookaan naannoo tokko keessa jiraatu muuxannoowwan haala qabatama jiruufi jireenya gaddaafi gammachuu barootta dheeraa keessatti dabarsan ibsachuuf mammaaksatti fayyadamu. Hubannoofi ilaalchi ummataa kunis haala jiruu fi jireenya qabatamaa ummatichi argee fi jireenya sana itti hiikkatu irratti kan hundaa‟uudha. Fakkeenyaaf, ummanni jireenya isaa keessatti barrii rakkoo ykn gadadoo yoo mudate, walitti bu'iinsi garagaraa yoo jiraate rakkoo sirna biyyattiin ittiin bultu waliin walqabatee uumamuu fi kan biraatis muuxannoo gara garaa jireenya dabarse keessatti arge dhaloota boruutiif kan ittiin dabrsuudha. Yaada armaan olitti ibsame kana Meider (1997:89) akkannati ibsa, "Provreb are the oldest collection in the histry of human kind" jedha. Yaanni isaa kuni, mammaaksi seenaa hawaasaa durii waliin hidhata akka qabuufi kuusaa waan durii akka ta'e ibsa.

### 2.7.3. Dubbii Goolabuuf

Hawaasa Oromoo biratti mammaaksi haasaa keessatti yeroo garaa garaa dhimma itti bahama. Kunis jalqaba jidduufi xumura haasaa irratti haala barbaachisummaa isaatiini. Kanamalees, muuxannoo ummataa kanneen dhugaa ta'aniifi dhugaatti fakkeeffaman yaada bal'aa ta'ee dhiyaatu gabaabsaniifi cunfanii kaa'uuf itti fayyadamu. Haaluma walfakkaatuun faayidaalee mammaaksaa keessaa inni tokko yaada bal'aa ta'e tokkoo himoota gaggabaabotti fayyadamuun yaada cuunfame ykn walitti qabame karaa salphaa ta'ee fi hubatamuu danda'uun dabarsuudha.

### 2.7.4. Dudhaafi Safuu Hawaasaa Eegsisuu

Mammaaksi hawaasni tokko safuu, aadaa fi duudhaa isaa kan ittiin kabachiifatuufi ittiin wal-sirreessuudha. Kanaafuu, mammaaksi meeshaa ittiin ummanni tokko walgorse, jajjabeesse, akeekkachiisee, qeeqeefi ifate haasaa bira qabuun dubbatee gara aadaa, safuufi duudhaa qabutti waldeebisuuf walkabachiisuudha. Fakkeenyaaf mammaaksa, "Afaan gaariin afaa gaarii caala" jedhu, keessatti gaarii (waan tolu) dubbachuun kan hunda caalu ta'uu ibsa.

Kunis, hawaasa biratti waan gaarii dubbachuu fi hojjechuun fudhatama qabaachuu; badaa hojjechuun immoo gaarii akka hin taane ibsa.

### 2.7.5. Dubbii Fiduu fi Dubbii Fixuu

Mammaaksi haalaa fi yeroo dubbatamu keessatti dhimma garagaraatiif oola. Kunis dubbii tokko jalqabuuf ykn xumuruuf mammaaksatti dhimma bahuu dandeenya. ummata keessatti walitti bu'iinsi cimaan haala garagaraatin yoo uumame fakkeenyaaf, rakkoo yeroo dheeraa hawaasa keessatti ture ykn fedhii garagaraatiin yoo walitti bu'an, walitti bu'iinsa kana gabaabsani haala salphaa ta'een hiikuuf mammaaksi shoora guddaa taphata Finnegan, (1970:339). Gabaabumatti, walitti bu'iinsi ummata keessa ture karaa gabaabaaa ta'een hiikuuf ykn gabaabsani furmaata laachuuf mamaaksi gahee guddaa taphata. Fakkeenyaaf, mammaaksi Oromoo "mammaaksi dubbi fixas, dubbi fidas" jedhu yaada Finnegan kana deeggara.

### 2.7.6. Siyaasa Biyya Tokkoo ittiin Deeggaruuf ykn Mormuuf

Hawaasni kamiyyuu jalqaba bara jireenya isaatii kaasee sirna ittiin walbulchaa ture; siyaasa dhuunfaasaatii kan ta'e niqabaata. Fakkeenyaaf, Sirni Gadaa sirna Oromoon dhalootaa gara dhalootaatti walharkaa fuudhaa yeroo kanaan walgaheedha. Har'as yoo ta'e, madbulmaataa hawaasaa aadaa sabichaa waan ta'eefi aadaan uummatichaa ammoo, mammaaksa hawaasichaa keessatti waan calaqqisuuf manguddoonni biyyaa, sirna ittiin bulmaataa keessatti mammaaksatti dhimma bahu. Seerri sabni tokko ittiin bulus, utuu aadaa sabichaa gidduu galeessa godhate, uummanni qooda balaaleffannaa, mararfannaa, qooda mormuu immoo, deeggaraa ta'a. Kun ammoo, kan inni mul'isu hawaasni tokko fayyadamuun siyaasa isaa gaggeeffachuu, siyaasa biraa ammoo mormuufi deeggaruu danda'uu isaati Akkasumas, namoonni siyaasaafi jijjiirama bulchinsa biyya tokkoo gaggeessan namoota amansiisuun kaayyoo siyaasa isaanii bakkaan ga'uuf mammaaksatti dhimma bahu. Kanaafuu, hayyuuleen siyaasaa kanneen akka: (Abraham Lincoln, Adolf Hitleriifi Wiston Churchill) fa'aa mammaaksa akka meeshaa durumaan qophaa'ee harka isaanii jiruutti fayyadamuun ergaa siyaasaa qaban ittiin dabarfachuufis ta'e, ilaalcha uummata jijjiiruuf itti gargaaramaa turaniiru Meider, (1997).

## 3. Malleen Qorannichaa

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti malli dhimma itti bahamu, mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) dha. Sababni isaas, mala qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoon walitti qabamu, marti lakkoofsaan osoo hintaane, jechaan hiika kan argatu waan ta'eef. Yaaduma kana Dastaan, (2002, F, 20) yoo cimsu, "Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) geggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin dhiheessa," jedha. Haaluma walfakkaatuun, Addunyaa (2011, F, 60), "Malli kun odeeffannoo aslii kan rakkoo qoratamu sanaa gadifageenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuurratti humna qaban irratti xiyyeeffata," jechuun ibsa. Kanaafuu, akka waliigalaatti odeeffannoon funaannamu haala ibsaarratti xiyyeeffate waan ta'eef, saxaxi (malli) dhimma itti ba'e mala ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) dha.

### 3.2. Madda Odeeffaannoo

Maddi odeeffannoo qorannichaaf ni'oola jedhamee yaadamu, maddeen odeeffannoo sadarkaa tokkoffaati. Maddeen odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa qorannoo kanaa, namoota buleeyyii hawaasa Harargee Bahaa Aanaa Gooroo Guutuufi Dadarii, Harargee Lixaa Aanaa Galamsoofi Mi'eessoo keessa jiraatan irraa odeeffannoo walitti qabachuudhaan kan adeemsifamuu namni kunis kan filataman mala miticarraattiin.

### 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Malli iddatteessuu qorannichi ittiin adeemsisamuuf karoorfame, mala iddatteessuu miti-carrraa (non-probability) keessaa mala kaayyefataafi (purposive) mala iddatteessuu darbaa-dabarsaati (snowball). Sababni malleen kun itti filatamaniif, odeefkennitootaafi qaama qorannichaa geggeessu haala salphaadhaan walitti fiduuf mijataa kan ta'e waan ta'eef. Addunyyaa (2011, F, 67), Gentlesfi warra biroo (2015, F, 1778) "Purposive sampling is used to indicate that interviewees or participants are selected on the basis of their knowledge and verbal eloquence to describe a group or (sub) culture to which they belong." Yaanni kun akka ibsutti, malli iddatteessu kaayyeffataa, faayidaan isaa beekumsaafi hubannaa hirmaattonni dhimma qorannicha sanaa ibsuu irratti qaban haala bu'uureffateen kan filatamaniidha. Fakkeenyaaf, garee dhimma aadaa tokko irratti beekumsa odeefkennitoonni qabaniin bifa xiyyeefatameen ta'uu danda'a.

Addunyaa (2011, F, 68), "Namoonni qorannichaaf odeeffannoo barbaachisaa kennan iyyaafachuun, itti guuta odeeffannoo argameetiif namichi odeeffannoo kenne sun kan biraas

akka heeru taasisuudha," yaada jedhu lafa kaa'a. Kunis kan ibsu odeefkennitoonni inni tokko isa biraa eeruun akka adeemsifamuudha. Baay'inni namoota mala iddatteessuudhaa fudhatamuu qaban immoo, aanaalee hundarraa namoota ja'a ja'a filachuun walumaa galatti namootni afurtamni (24) kan filatamaniidha.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

#### 3.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaa funaansa ragaa kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uudhaan, odeeffannoo barbaadame walitti qabuuf, odeefkennittotaafi qaama qorannoo geeggeessu gidduutti walitti dhufeenya gaarii uumuudhaaf mijataadha.

Denscombe (2007, F, 175) "The interview is not done by secret recording of discussions or the use of casual conversations as research data. It is openly a meeting intended to produce material that will be used for research purposes and the interviewee understands this and agrees to it." Akka yaada kanaatti afgaaffiin kan dhoksaan yookaan icciitiin waraabamu osoo hinta'iin, walii galteedhaan fuulaa fuulatti gaaffii taasisuudhaan bifa kaayyoo qorannichaa bu'uureffateen kan odeeffannoo walitti qabuuf fayyadudha. Godina Harargee Bahaa Aanaa Gooroo Guutuufi Aanaa Dadar irraa namoota mammaaksa tuffii shamarranni irratti hubannoo qaban ja'a ja'a, aanaallee laman keessaa namoota kudha lamaafi Godina Harargee Lixaa Aanaa Galamsoofi Mi'eessoo keessaa haaluma walfakkaatuun namoota ja'a ja'a kan filataman yoo ta'u, walumaagalatti namoota 24'f afgaaffiin dhiyataniiru. Sababni odeeffannoo keennittoonni Aanaa Aanaarra namni ja'a ja'a filatamaniif, hojii kiyya akka nasalphisaniifi baajata koorratti hundaa'uun kan filatamaniidha. Gaaffiilee namoota kanaaf dhiyaatanis, gaaffiilee hundi isaanii banaa ta'an saddeet (8) qopheessuun kan gaaffatamu ta'a.

#### 3.4.2. Marii Garee

Hossein (2015, F, 232), "Focuse group discussion is a form of group interview in which the reliance is on the interaction within the group who discusss a topic supplied by the researcher, yielding in to collective rather than an individual view." Mariin garee kun odeeffannoo kennitooni afgaaffii keessatti wantoota dagatan marii garee keessatti walyaadachiisuun odeeffannoo dabalataa akka kennan gargaara.

Kanaafuu, mariin garee qorannoo tokkoof barbaachisa akka ta'e beekkamadha. Mariin garee keenyas, qorannoo kiyyaf odeeffannoo gaha akkan argadhutti, garee adda addaatti qooduun

odeeffannoo walitti qabadheera. Kunis, marii garee koo, garee afur kan qabu yoo ta'u, gareen tokko namoota ja'a ja'a (6) ofkeessatti kan qabudha. Walumaagalatti, aanaalee arfan keessaa namoota digdamii afur (24) kan hirmaachiseedha.

### *3.5.* Mala xiinxala Ragaalee

Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaalee, (mala afgaaffiifi marii gareen) sassaabamuun mala akkamtaa (qualitative) kan qaacceeffamu ta'a. Kana jechuunis, odeeffannoowwan malleen kanneen irraa walitti qabaman, mala jechaan (text) kan ibsaman ta'a. Kanuma bu'uura godhachuun, odeeffannoon mammaaksoota oromoo tuffii dubartootaa agarsiisan odeefkennitootarratti argaman irratti hundaa'uun kan jechaan xiinxalamaniiru

## 4. Guudunfaa, Argannoofi Yaada Furmaata

### 4.1. Mammaaksoota Tuffiid Dubartootaa Agarsiisuuf Mammaakaman

Jireenya hawaasaa keessatti wantoonni hedduun jiraachuu danda'u. Wantoota hawaasa waliin walitti hidhata qaban keessaa tokko afoola. Afoolli afaaniin kan dhiyaatuufi kan raawwatuu ibsituu aadaati. Afoolli haala jireenya hawaasa tokko murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduraatti hawaasaa fuudhee deemu ta'uu isaa hubanna. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa, falaasama, amantaa, seenaa, ilaalcha, beekumsa uummataa, mudannoowwaniifi muuxannoowwan afaanii gochaan dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi ammas darbaa kan jiru kalaqa hawaasaati. Afoolli gooroowwan xixiqqaa baay'ee ofkeessatti qabata. Fakkeenyaaf, kan akka durdurii, geerarsa, hibboo, ciigoo, jechama, faaruu loonii, mammaaksaafi kan kana fakkaataniidha. Mammaaksidamee afoolaa keessaa isa tokko ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootattikan darbuudha. Mammaaksi yoomessa ittiin mammaakamuu qaba. Kana malees mammaaksi amala garagaraa qaba.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mammaaksota Oromoo tuffii dubartootaa agarsiisan qaacceessuudha. Odeefkennitootarraa afgaaffiifi marii garee argamee qaacceeffameerraa. Mammaaksi Oromoo haala garagaraatiin tuffii dubartootaa akka ibsu hubachuun danda'amee jira. Hawaasa keessatti mammaaksota Oromoo tuffii dubartootaa ibsan fayyadamuun rakkoo gara gara qaba. Fakkeenyaaf, haamilee duabartootaa tuqu, dubartootni hojii akka hinhojjenne gochuufi xiinsammuu dubartootaa kan tuqu ta'udha. Mammaaksootni tuffii dubartootaa agarsiisan haala armaan gadii kanaan qaacceeffamaniiru.

### 4.2. Dubartiifi Harreen Ulee Jaallatti

Mammaaksi armaan olitti mammaakame kun gadaantummaa dubartoota agarsiisuuf kan mammaakameedha. Kunis, harreefi dubartii walbira qabee dhiyeessuun, akkuma harree dubartiinis uleen isaaniif barbaachisaa akka ta'eetti, mammaakame. Ilma namaa miti beeyladoonniifi bineensoonni kammiiyyuu reebicha kan jaallatu hinjiru. Keessumaa immoo, harreen beellada manaa taate, kan homaa hinyaadne, yoo itti fe'an kan baattuudha. "Dubartiifi harreen ulee jaallatti" jechuun, hamilee dubartii cabsuun, reebanii of jalatti bulchuuf akka eeyyamaatti dhimma bahuuf kan akeekamedha.

Jireenyi walkabajuufi walhubannaa irratti malee, wal-tumuu irratti hundaa'ee, isa tumuufis, ishee tumamtuufis waan bu'aa buusu hinqabu Mammaaksi olii kunis, tuffii dubartootaa ibsuu bira darbee, kan qaama miidhaaf saaxilu waan ta'eef dubartoota kan abdii kutachiisu dha.

### 4.3. Dubartiifi Harreen Dhiha Galgalaa Hinbeektu

Mammaaksa kun kan agarsiisuu dubartiinfi harreen garaagarummaa akka hinqabnefi yeroollee addaan baasuu kan hindandeenye akkuma beeylada manaatti kan yaaduu ta'uushee kan agarsiisuudha. Akkasumas, nama yaaduu danda'uun ajajamtee kan galtu ta'uu ishee ibsa.

### 4.4. Qalbiin dubartiin hamma mataa lukkuuti

Mammaaksi armaan olitti mammaakamee kun tuffii dubartootaa agarsiisuuf kan mammaakameedha. Mammaaksa kana irraa wanti hubamu dubartiifi mataa lukkuu walbira qabuun hubachisa. Qalbiin dubartii xiqqoodha. Isheen qalbii hinqabdu, yoo qabatteyyuu xiqqoo akka ta'eefi akka hin amansiifne ta'uu ishee ibsa. Mammaaksi kun tuffii dubartootaa qofa kan ibsuu osoo hintaane dubartoonni misooma keessatti akka hinhirmanneef guufuu guddaadha. Kanaafuu, hawaasni mammaaksoota akkanaarra ofeeguun baayyee barbaachisaadha.

### 4.5. Dubartiin Dhiira Deessi Malee Amma Dhiira Hin Geessu

Mammaaksi armaan olii kun tuffii dubartootaa qabaniif kan mammaakameedha. Kana jechuun, ilmaa dhiiraa yaadeessuu male hanga dhiiraa hingeessu jechuudha. Yaata'u malee, dhiiraas dubartoota namni kaammiyyuu walqixa. Mammaaksa kana keessatti wanti jechuun barbaadame "namummaatiin dhiiratu caalaa" jechuufi. Nama (dhiira) dahaa, hanga namaa (dhiiraa) hingeessu jechuun tuffii dubartiitti qaban kan ittiin ibsaniidha. Mammaaksonni akkasitti hamilee dubartootaatti qoosan maalif akkas heddummaatan kan jedhu

maanguddoonni gaafatamanii turan. Akka ibsa isaaniitti, dhiironni hojii mana keessaafi alaa hedduu isaa dubartoota irra naqanii yeroo isaan kabajaa isaaniif qofa quuqamantu mul'ata. Adeemsa kana keessa yeroo xiyyeeffannootiin ilaalamu kan nama suukanneessu hedduun mammaaksota keenya keessatti faca'aniiru jedhan. Baay'een isaanii garaa guutuutiin dubartoota miidhuuf osoo hintaane, akka qoosatti wantoota darbataman ta'anii, akkasuma osoo itti hinbeekamiin kan qalbii cabsan ta'anii jiru jedhan. Keessumaa, hirmaattooni marii garee kan yaada walfakkaataa irratti qaban tokko, isaanumtuu inuma mammaaku, yookaan yeroo mammaakamu dhagahu malee, akkasitti miidhaa irraan gahaa, dubartoota mufachiisaatti hanga kana jedhanii akkan hinhubannee mirkaneessan

### 4.6. Beekumsi dubartootaa boroo hinba'u

Mammaaksi kun beekumsi dubartii mataasheerra darbee nama biraaf fayyaduu akka hindandeenye ibsa. Beekumsi isheen qabdu mana keessa hojjechuu irra darbitee kan ala ishee baasu kan hinqabne ta'ee addeessa. Beekumsi isaan qaban mana keessatti kanneen akka soorata qopheessuu, uffata miccuufi kan kana fakkaatu hojjechuurra kan hafe hojii dhiirri hojjetu hojjechuu kan dandeessu miti jechuu agarsiisa. Beekumsa ala baasee ishee hojjechiisuu danda'u kan hinqabne ta'uu mul'isa.

### 4.7. Taa'uu mannaa dubartii dhalchuu wayya.

Mammaaksi olii kun shamarran ija tuffiin ilaaluun dhiiraa gadi akka taatetti ilaaluun dubartiin kan dhalchan jaalatanii (barbaadanii) osoo hintaane akka waan yeroo dabarfachuuf tajaajiltuutti qofa ilaalu. Kun immoo, dhiiraaf bakka olaanaa, dubaraaf immoo, bakka gadi aanaa kennuun dhimma walcaalmaa koorniyaa mul'isaa kan tuffatan ta'uu agarsiisa.

### 4.8. Harreefi dubartiin namarraa hingortu.

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu harreefi shamarran walbira qabuun dubartiin akkuma harree waan taateef, yaaddee, xiinxaltee namarraa hingortu harreedhaan garaagarummaa hinqaban jechuun tuffii agarsiisa.

### 4.9. Uleefi niitiin (dubartiin) ofii gaditti muratu.

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu uleefi niitiin akka namarra hin dheerannedha. Dubartiin dhiiraa gaditti bitamtee jiraatte gaarii akka ta'e kan kaa'udha. Kunis dhiirri, ishee garboonfatee akka jiraachisuuf jedhameti.

### 4.10. Namni sareefi dubartii waliin deemu hinkabajamu

Mammaaksi kun sareefi dubartiin walbira qabuudhaan kan mammaakamedha. Akkuma beekamu sareen bineensa manaa taatee waan agarsiifteefi argatterraa kan hingore, bakka barbaachisaa hintaanetti kan argamtu akkasumas, nama nyaattee nama kan salphistudha. Shamarrannis, yoo waliin deeman waan hinbarbaachifne dubbattee kan namaan walitti nama buuftu ta'uu kan agarsiisudha.

### 4.11. Dubartiin hudduu malee lubbuu hinqabdu

Mammaaksa kanarraa kan hubatamu dubartiin hudduu guddatu malee lubbuun isaan keessan hinjiru, nisodaatu, hinabdachiifamanfi waan tokkollee itti hin abdaatiin ergaaa jedhu kan qabu ta'eefi kan isaan tuffachiisudha.

### 4.12. Dubartiin mana hinqabdu mana dhiiraa bulti.

Akkaa aadaa Oromootti akkaataan dhiirri tokko dubara fuudhee waliinjiraatu seera mataa isaa danda'e qaba. Dubartiin tokko dhaqxee dhiira fuutee mana isheetti galfachuun aadaa Oromoo keessatti saalfiidha. Dhiiratu dhaqee dubara lallatee filatee fuudha. Kanumarraa ka'uun dubartiin mana ijaarrattee kan dhiira hinfuune waan taateef akka waan maxxantuu taatetti hawaasa Oromoo biratti fudhatamee mammaaksaan deeggaramee ibsama.

### 4.13. Dubartiin muraniifis yoo muruu baatanis booha hindhiistu

Mammaaksi kun kan agarsiisu shamarran yoo argattes, yoo dhabdes, akka gargaarsa/hirkisaa barbaaddu kan ibsudha. Dubartiin yoo argatanis ta'e, argachuu baatan ofiin of bulchuu akka hin dandeenye maxxantummaa kan barbaadan ta'uu ifa godha.

### 4.14. Qabeenyi dubartii raafuu guuruu hindhorku

Mammaaksa kanarraa wanti hubannu wanti dubartiirraa dhufu hiyyummaa keessaa kan nama baasu akka hintaaneefi qabeenyi dhiiraarraa argamu akka caalaa nama duroomsu ta'ee, gama maatiitiin illee hirkattuummaan akka itti dhaga'amu kan taasisudha.

### 4.15. Dubartiin fidii malee hoodhuu hinbeektu

Mammaaksi kun kan hubachiisu dubartiin fudhachuu malee namaaf kennuu akka hin dandeenyedha. Waa namaa kennuuf wanta kennan sana hojjetanii argachuu /dhuunfaaan qabachuun dirqama kanaaf wanti hojjetamu hunduu harka dhiiraa waan galuuf fidii jechuun

dirqii itti ta'a. Kanaaf jieenya maxxantummaa akka dabarsitu ishee taasisa, maxxantummaan ishee kunis dhiira irraa itti akka fe'ame addeessa.

### 4.16. Dubartii dheertuu malee beektuu hinqabdu

Mammaaksa kun dubartiin qaamaan dheertuu yoo taatuuyyuu beekumsa yookaan dandeetti kan hinqabne ta'uushee qeequuf mammaakama. Mammaaksi kun tuffii dubartoota haaagarsisuu malee dubartiin kan womaa hinbeekne ta'uu kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi kun kan mul'isuu dubartii akka waan tokkollee hinbeeknetti kan ilaaluu ta'uusaa kan nuhubachisuudha.

### 4.17. Niitiin dhirsa moote gabaadhaan caljedhaa jetti

Mammaaksi kun kan agarsiisuu dubartii hamtuu yookiin dubbiif ka'umsa kan taate. Akkasumas, abboommii kan hinqabne ta'uu ishee mul'isa. Akka seera aadaa Oromootti dubartiin abbaa mana isheetiif ajajamtee jaalalaan kan waliin bulaan ture haa ta'u malee, iddoo kanatti dubartiin abbaa manaashee mooteetuu argamti. Kana duuwwaa osoo hin ta'in gabaa kan arabsituudha. Gabaan namoota hedduun bakka waan barbaadan kan argatan, xinnaanis guddaanis, beekanis, wallaalanis kan keessatti argamuudha.

### 4.18. Taa'uu Mannaa dubra dhalchuu wayya

Mammaaksi armaan olii kun baayyinaan hawaasa keessatti mammaakamu. "Taa'uu Mannaa dubra dhalchuu wayya" kan jedhu. Mammaaksi kun hojii malee ta'uurra durbaa dhalachuu wayyaa, durbii waan akka dhiiraa gadii taatteetti iaaluun an mammaakameedha. Dhugaa jiruun yoo ilaalame, dhiiras ta'e dubartii dhalchuuf, yookaan dahuuf karoorfatamee, yookaan malli isaa beekamee miti. Dhiiras ta'e dubartiin dhalachuuf carraa walqixa qabu. Mammaaksi kunis loogiifi tuffii waan qabuuf miidhaa inni qaqqabsiisuuf tilmaamuun salphaadha. Kunis dubartootni akka hin barbaachisne yookaan dhabaa manna yaada jedhu waan qabuuf gatii akka ofiif hin kennine isaan taasisa.

### 4.19. Dubartiin Bultii Malee Murtii Kennuu Hin Qabdu

Mammaaksi olitti dhiyaate kunis ejjennoofi jabina dubartootaa kan gaaffii keessa galchuuf mammaakamudha. Kunis kan ta'uu danda'eef yeroo hedduu dhiironni jireenyuma maatii san keessatti murtee garagaraa irratti akka isaan hirmaatan waan hin hayyamneef dubartoonni ejjennoo qaban mul'isuu hin danda'an. Mammaaksi akkanaa kun dubartoonni murtii namaa jala buluu malee murtoo ofii isaanii kennuu akka hin dandeenye hubachiisa.

Dubartoonni jireenya ofiif filatan jiraachuufi kallattii ofii kayyatanirra deemuun akkuma nama kamiiyyuu mirga isaanii ta'ee osoo jiruu mammaaksi olitti kaa'ame kun murtee namni biro kenneefiin akka jireenya isaanii hordofan kan isaan dirqisiisudha. Kunis murtii kennanirratti ejjennoo akka hin qabaanne isaan taasisa.

### 4.20. Bakka dubartiin baay'atte raafuun hinbilchaatu

Mammaaksi kun tuffii baay'inaan kan agarsiisuudha. Kanas kallatti adda addaan ilaaluun ni danda'ama. Tokkoffaa dubartiin hojii mana keessaa hojjechuu akka dandeessutti kaasaa, buddeen tolchuu, ittoo danfisuu, buna danfisuu, daa'ima kunuunsu akka waan ga'ee dubartootaa ta'etti ilaalama. Gama biroon dubartoonni yommuu walitti baay'atan akka waan gatii hinqabneetti ilaalama. Kunis waliin wal morkii irraa kan ka'e homaa tokko hin hojjettu, wal morkii kanaa irraa kan ka'e gidduu isaaniittillee lollii umamuu danda'a.

### 4.21. Argannoo Qo'annichaa

Argannoon qo'annoo kanaa:-

- Mammaaksi Oromoo tuffii dubartootaa mul'isu hawaasa keessatti baayinaan argamuusaa qorannoo Kanaan bira gahameera.
- Mammaaksoonni kunneen kabajaa dubartoota akka hinagarsiisne qorannoo kanaan bira gahameera.
- Mammaaksi Oromoo tuffii dubartootaa agarsiisu qabiyyee dinagdee, siyaasaa irratti dubartoota gadi qabuun akkasumas dubartoonni balleessituu, sodaattuu, wallaaltuu, tuffatamtuu ta'uushee qorannoo kanaan bira gahameera.
- Mammaaksota Oromoo tuffii dubartootaa agarsiisan miira gadi aantummaa kan itti uume ta'uu isaa qorannoo kanaan bira gahameera.

### 4.22. Yaada Furmaataa

Qorannoo kanaan qaaccessa taasifameen argannoo lafa kaa'ame irraa ka'uun akka yaada furmaattii kan kaa'ame akka armaan gadii ta'a.

- Mammaaksi Oromoo tuffii akkarsiisaan kun hawaasa keessatti ergansaa gaarii waan hintaaneef qaama dhimmisaa ilaaluun hubannoo osoo kenname gaariidha.
- Dhaloonni ammaa mammaaksoota Oromoo tuffii dubartoota ibsan waan sirritti hin beekneef barsiisuuf karaa filatamaa ta'a.

- Osoo jaarsoliin Oromoo bakka araarri garagaraa taasifamu irrattiifi afoosha gara garaatti mammaaksota Oromoo tuffii dubartootaa ibsan mammaaku dhiisanii gaarii ta'a.

**Wabiilee (References)**

Addunyaa, B. (2011). *Yaadrimee qorannoo hujoo (Concept of applied research)*. Finfinne, Oromiyaa.

Alamayyo, A., & Alamituu, A. (2010). *Jimma Oromoo oral narratives: A preliminary descriptive analysis* (Unpublished master's thesis). Addis Ababa University.

Amas, B. (1975). Folklore in African society in research literature. *Folklore*, *6*(2), 165–198.

Dassaalany, D. (2013). *Bu'uura qorannoo* (2nd ed.). Finfinne: Far East Trading PLC.

Denscombe, M. (2007). *The good research guide for small-scale social research projects* (3rd ed.). Poland: Open University Press, McGraw-Hill Education.

Dorson, R. M. (1972). *Folklore and folklife: An introduction*. Chicago: University of Chicago Press.

Dorson, R. M. (1983). *Handbook of American folklore* (Vols. 1 & 2). Indiana University Press.

Dundes, A. (1965). *The study of folklore*. Berkeley: Prentice Hall.

Dundes, A., & Bronner, S. J. (1979). Meta folklore and oral literary criticism. In S. J. Bronner (Ed.), *Readings in American folklore*.

Encyclopedia Americana. (1995). (Vol. 2). USA: Grolier Incorporated.

Eshete, G. (2008). *African egalitarian values and indigenous genres: The functional and contextual studies of Oromo oral literature in a contemporary perspective* (Doctoral dissertation). Syddansk Universitet, Institut for Litteratur, Kultur og Medier.

Fedhasaa, T. (2017). *Bu'uuralee ogbarruu Oromoo*. Finfinne: Ilsabaa.

Filee, J. (2016). *Beekumtaa Oromoo: Kutaa tokkoffaa (Oromo folklore)*. Naqamtee, Oromiyaa.

Finnegan, R. (1992). *Oral traditions and the verbal arts*. USA and Canada: Routledge.

Gentles, S. J. (2015). Sampling in qualitative research: Insights from an overview of the methods literature. *The Qualitative Report, 20*(11), 1772–1789.

Green, A. T. (1997). *Folklore: An encyclopedia of beliefs, customs, tales, music, and art*. Oxford, England: Oxford University Press.

Hossien, T. (2015). *A dictionary of research methodology and statistics in applied linguistics*. Tehran: Rahnama Printing Press. Retrieved from https://en.m.wikipedia.org/wiki/oral-literature

Hussien, J. W. (2005). The function of African oral arts: The Arsi–Oromo oral arts in focus. *African Study Monographs*, *26*(1), 15–58.

Masarat, T. (2016). *Qaaccessa adeemsaafi faayidaa hiibboon Oromoo ijoolleef qabu: Haala qabatamaa Aanaa Ada'aa* (Unpublished master's thesis). Addis Ababa University.

Meider, W. (1997). *The politics of proverbs: From traditional wisdom to proverb stereotypes*. University of Wisconsin Press.

Melakneh, M. (2005). *Map of African literature*. Addis Ababa: Branna Enterprise.

Misgaanuu, G. (2011). *Dilbii: Bu'uura afoola, ogafaanni fi af walaloo Oromoo*. Finfinne.

Marvasti, A. B. (2004). *Qualitative research in sociology*. Wiltshire: Cromwell Press Ltd/SAGE.

Nintai, M. N. (1993). *Mapping transference: Problems of African literature and translation from French into English* (Unpublished master's thesis). University of Warwick.

Sahilu, K. (1996). *Borana Oromo prose narratives: A contextual study* (Unpublished master's thesis). Addis Ababa University.

Sims, M. C., & Stephens, M. (1963). *Living folklore: An introduction to the study of people and their traditions*. Utah State University Press.

Wallace, T., & March, C. (1991). *Writing on gender and development*. Oxford: Oxfam.

**Acknowledgment**

The author would like to express his sincere gratitude to all individuals who contributed to the completion of this research.

**Conflict of Interest**

The author declares no conflict of interest.

**Funding**

The author declares that this study received no external funding.

Harla Journal of Social and Behavioral Studies gives access to this work open access and licensed under a Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License.
(Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License)